Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Hisqi'eel: Nama Mul'ataa



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Lazarus, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Waggaa dheeraa, loltooti Yuhuudaa weeraran, saba Waaqayyoo baayyee hidhamaa ta'uun gara Baabiloonitti deebi'an Mana irra fagaatanii, Israa'elooti laga Kebaar qarqra jiraata ture. Garbichi Waaqayyoo Hisqi'eel isaan bira jira ture.

Guyyaa tokko, Waaqayyo Hisqi'eeliif mul'ta laate. Ulfinni Waaqayyoo ifa ifuun waan lubbuu qabu kan fakkaatu afuriin Hisqi'eelitti arge. Tokkoon tokkoon isaanii fuula afurii fi qoochoo afur qabu. Isaan ol masaraa akka sibiila boorrajjii calliqisutu ifaan guutamee jira. Hisqi'eel yeroo kana arge fuula isaan kufe.

Waaqayyo Hisqi'elitti dubbate. "Akka ati dubbii sagalee koo isaanitti dubbatuuf Ijoollee Israa'elitti si ergaan jira. Harki mul'ate, macaafa maramaa kana nyaadhuu dhaqi Israa'elootatti dubbadhu" jedheen Waaqayyo. Wanti takkaa ta'ee hin beekine itti ta'e!



Ta'us garuu Hisqi'eel abboomamee macaafa maraa nyaatee gara Waaqayyo itti erge deeme.

Hafuurri Waaqayyoo Hisqi'eeliin fuudhee bakka Israa'elooti buqu-jabeeyyii jiran laga Keebaar irraa gara biraatti geesse. Guyyoota torbaaf achi turuun waan arge dinqisiifate. Isa booda Waaqayyon eegiduu Israa'elootaa ta'e. Ati dubbii afaan kootii dhaga'itii ittiin of isaan eeggachiisi.





Dubbii Waaqayyoo saba kana hubachiisuuf Hisqi'eel waan haaraa baayyee rawwate. Xuuphii of dura kaa'ee mandara Yerusaalee irraatti kaasi marfamuu ishee agarsiis. Suuraa humna loltuu gudda Yerusaalemiin marsee jiruu ati kaafte gateettii kee irratti in argu ta'a. Magaalaa qulqulluu Waaqayyoo baduuf jettu agarsiisaa ture.

Mootummaa kaaba Israa'el, waggoota 390 Waaqayyoof abboomamuu didde fi Yuudaan mootumma kibbaa immoo waggoota 40f. Maaliif Israa'el barbadoofe, Yuhudaan immoo battaluma sanaan maaliif kufe. Waaqayyoo cinaacha isaa bitaa irraa guyyoota 390f akka ciisu itti hime, gara mirgaa irra guyyota 40f cubbuu saba kanaa yaadachiisuuf ture.





Sabin Hisqi'el baayyee keessummaadha jedhanii yaaduu eegalan. Waan Waaqayyo itti dubbate hundumaa raawwate. Guyyaa tokko, tokko sadaffaa rifeensa isaa muree gube. Kana jechuun yeroo warri Baabiloon Yerusaalemiin weeraran tokko sadaffaan Yerusaalem dhukkubaa fi beelaan akka dhuman agarsiisa.





Hisqi'eel tokko sadaffaa rifeensa isaa kan biroo billaan kukkute. Kun ammoo hiikaan isaa tokko sadaffan billaa diinaatii akka dhuman ture. Tokko sadaffaan inni dhumaa, qilleensatti gadhiise. Rifeensa isaa yartuu uffata isaatti maxxansee. Kun immoo mallattoo saba isaa keessaa yartuun hafanii



biyya isaaniif kakatametti warra galan ta'uu agarsiisa.

Raajii gooti saba boqu-jaboo
Israa'eloota waan hamaan
isaan akka mudatu itti
hime, akka siaan abdatanitti
daandii biraanis hin jiru
waan ta'eef. Sabichis
Hisqi'eelitti aaran,
ta'us garuu inni dubbii
Waaqayyoo dubbachuu
isaa ittuma fufe.



Guyyaa tokko, gurguddoota Israael
waliin utuu taa'uu Waaqayyo
Hisqi'eeliif mul'ata laate.
Mul'aticha keessatti,
Waaqayyo rifeensa isaa
qabee ol isa fuudhuun
mana qulqullummaa
Yerusaalem keessa
isa kaa'e.

Mana qulqullumaa keessaa, suuta jedhee waanta xuraa'aa, waaqa tolfamaa, isaa qulleessuu Waaqayyo itti agarsiise. Kun mana qulqullummaa Waaqayyoo keessatti ta'ee hin beeku ture.









Geggeessoti bakka Waaqayyootti waaqessaa turan. Waaqayyo ulfinni Waaqayyoo mana qulqullumma keessaa ba'aa waan jiruu akka baduuf itti mul'ise. Xumura mula'tichaatti, Hisqi'el waa'ee waanta ta'ee Israa'elotatti itti hime.





Waanti Waaqayyoon dubbatame hundumaa dhugaa ta'e. Yerusaalema in barbadoofte. Namootin baayeen in du'an. Israa'elootin booji'amanii Baabiloonin jiran dhaga'an, erga Waaqayyo saba isaa hamma barabaraatti dhaabe in dinqisiisan.

Waaqayyo raajii isaaf ergaa biraa laate. Hurufa lafee namaan guutametti Hisqi'eeliin geesse.

“Ilma namaa, lafeen kun jiraataa ta’uu danda’aa?” jechuun Waaqayyo Hisqi’eeliin gaafate. “Gooftaa situ beeka,” jechuun Hisqi’eel deebise. Dhugaadha lafee gogaan deeb’ee jiraataa ta’uu hin danda’u.



Waaqayyo jedhe, "Lafee kanneen irratti raaji, lafee gogaa nana sagalee WAAQAYYOO dhaga'aa!" jitaataa taatu. Yeroo inni abboomamu, Hisqi'eel sagaleen wacaa dhaga'ame. Maaltu sababa ta'e jettee yaadda?



Dinqisiisfachuun yeroo raajiin ilaalu, lafeenii lafeen walitti dhufee qaama ta'aa dhufe.



Achii booda, foon itti uwwifame.



Gogaan isaan itti uwwifame, garuu hafuurri keessa hin jiru.



Waaqayyo jedhe, "Raajii ilmi namaa akkas jedhe, kallattii afuriin hafuurrii dhufee hafuura habaafata. Hafuura irratti baafadhu hajiraatan." Yeroo akka itti himame raawwatu, hafuurri isaanitti gale. Jiraataa ta'uun ka'anii miilla isaniitiin dhaabbatan. Loltuu guddaan sulula (hurufa) guute.



Yeroo Yerusaalem kuftetti Israa'elooti booji'amanii Baabiloon keessa jira abdii kutannan akka guutaman Waaqayyo in beeka. Ergaa karaa mul'ata Hisqi'eel ergeef. "Lafeen kun hundumtuu lafee Israa'elootaati," jedhe Waaqayyo.

Ergaan abdii guddaa qabu Waaqa biraa dhufe! Waaqayyo karaa Hisqi'eelwaadaa gale dhugaa ta'aa dhufe boodaa Israa'elootin biyya isaanitti deebi'anii galan. Waaqayyo gara mana isaaniitti akka isaan fide baran.



Hisqi'eel: Nama Mul'ataa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu kan keessatti argamu

Hisqi'eel

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16